





Osoo Bu'aa Qorannoo COVID-19 Eeggataa Jirtanii Wanta Gochuu Qabdan

Qorannoo COVID-19 kan laabiraatooriitti ergamuu qabu, kan akka qorannoo PCR yoo raawwattan, bu'aa qorannoo keessanii fudhachuuf guyyoota hedduu isinitti fudhachuu mala.



Mana turaatii namoota biroorraa fagaadhaa yoo:

Mallattoolee COVID-19 qabaattan ykn yoo dhukkubbiin isinitti dhaga'amu jalqabe.

- Ji'oottan sadan darban keessa COVID-19 isin qabee ture yooma ta'e illee ykn talaalliiwwan humneessituu gorfaman dabalatee talaalliiwwan COVID-19 irratti odeeffannoo haarawa yooma qabaattan illee, yoo xiqqaate guyyoota shaniif mana turaa (adda of baasaa), akkasumas namoota biroo biratti guyyoota 10f maaskii godhadhaa.
- Adda of baasuu irratti odeeffannoo dabalataatiif, [Yoo Dhukkubsattan ykn Qorannoodhaan Poozatiivii Taatan kan jedhu kana daawwadhaa: \(www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/sick.html\)](https://www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/sick.html).

COVID-19f saaxilamtanii turtan, akkasumas talaalliiwwan humneessituu gorfaman dabaaltee talaalliiwwan COVID-19 irratti odeeffannoo haarawa hin qabdan yoo ta'e.

- Yoo xiqqaate guyyaa shaniif mana turaatii (adda of baasaa) namoota biroo biratti ammoo guyyoota kudhaniif maaskii godhadhaa.
- COVID-19f saaxilamtanii talaalliiwwan fudhachuuf gorfaman fudhattanii jirtu yoo ta'e ykn ji'oottan sadan darban keessa COVID-19n qabamtanii turtan yoo ta'e, mana turuu isin hin barbaachisu, garuu naannoo namoota birootti ammayyuu guyyoota 10f maaskii godhachuu qabdu.
- Kuwaaraantiinii (namarraa fagaachuu) irratti odeeffannoo dabalataatiif, [Tuttuqqiiwwan Dhiyoo fi Kuwaaraantiinii daawwadhaa: \(www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/close.html\)](https://www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/close.html).

TOORA BILBILAA COVID-19: 1-833-431-2053

www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus

m MINNESOTA

STAY SAFE MN